# QAJEELCHA BARSIISAA

# BARNOOTA AFAAN OROMOO

## KUTAA 3

**Dursaa Gareefi Gorsaa:** Alamuu Hayiluu

**To'ataa Qulqullinaa:** Abarraa Kaasaayee

**Qopheessitoota:**

Askaalee Tarfaa
Daaluu Aabbunii
Habtaamuu Malaakuu
Mahaammad Namoo
Siisaay Baqqalaa
Taasisaa Kumsaa
Waaqgaarii Tasfaayee

**Gulaalliifi Seeccoo:**

Abdulqaadir Amaan
Maammoo Mangashaa

**© Biiroo Barnoota Oromiyaa 2011/18**

**Kitaaba Kana Biiroo Barnoota Oromiyaatu bara 2010/18 Qopheessuun Maxxansiise.**

**Mirgi abbeentaa kitaaba kanaa seeraan eegamaadha. Eeyyama Biiroo Barnoota Oromiyaatiin ala maxxansuus ta'e baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.**

**ISBN: ____________________________________**

**Kaayyoon gooree boqonnaa kanaa:**

Dubbisuun dura waa'ee dubbisichaa nitilmaamu;

Ergaa mul'ataa dubbisaa adda nibaafatu;

Jechoota waliin deeman nibarreessu;

Sagalee dheeraafi gabaabaa adda nibaafatu;

**Gilgaala 1 (Daqiiqaa 5)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Dubbisuun dura waa'ee dubbisichaa nitilmaamu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Barsiisaa/tuu osoo dubbisa boqonnaa tokko jalatti dhiyaate barattoota hindubbisiin, dura gaaffilee gilgaala tokko jalatti dhiyaatan akka teessumma isaaniitti gareen daqiiqaa shaniif akka irratti mari'atan taasisi.
- ☞ Ati immoo barattoonni gilgaala dhiyaate kana irratti mari'achaa jiraachuu isaanii keessa deemuun hordofi. Bakka ifa hintaanettis deeggarsa taasisiif.

**Hubachiisa**: mata dureen dubbisa boqonnaa kana keessatti dhiyaatee 'Yaa Warra Gamaa jedha.  Yaa warra gamaa kan jedhu kun gosa tapha ijoollee keessaa isa tokko. Taphni kunis yeroo baay'ee nama lama gidduutti taphatama. Taphichi yeroo ittiin dabarfachuuf malee kan dorgommiif taphatamu miti.

- ☞ Kaayyoon gaaffilee dubbisuun duraa kunis barattoonni waa'ee dubbisa dhiyaatee dursanii muuxannoo qaba irraa ka'anii akka tilmaamaniifi kaka'umsa isaan keessatti uumuudha. Kanaaf, deebiin gaaffilee kanneeniif isaan kennan sirriidha yookiin sirrii miti kan jettu hinjiru. Isaan waan isaanitti fakkaate

jedhanii deebisuu danda'u. Kan isaan deebiin isaanii sirrii yookiin dogoggora ta'uu adda baafatan dubbisa dhiyaate dubbisuun.

## Gilgaala 2 (Wayitii 2)

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Ergaa mul'ataa dubbisaa adda nibaafatu.

## Ga'ee barsiisaa/tuu

- ☞ Itti aansuun, dubbisicha akka qalbiin dubbisan taasisi. Yeroo kana barattoonni hundi dubbisaa jiraachuu adda baafachuuf keessa deemii hordofi.
- ☞ Bakka rakkoon jiruttis gargaari. Kana booda, gaaffilee gilgaala 2 jalatti dhiyaatan hojjechiisi.
- ☞ Yeroo kanas barattoonni gaaffilee kanneen deebisuu danda'uu isaanii adda baafachuuf keessa deemii hordofi.
- ☞ Bakka rakkoon jirutti immoo gargaari.
- ☞ Kaayyoon gaaffilee kanaas barattoonni dubbisa dhiyaate hammam akka hubatan madaaluudha.

## Deebii Gilgaala 2

1. soba
2. dhugaa
3. dhugaa
4. c
5. b
6. a

## Gilgaala 3 (Wayitii 2)

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Dubbisa keessaa jechoota waliin deeman adda nibaasu.

## Ga'ee barsiisaa/tuu

- ☞ Itti fufuun jechoota waliin deeman kanneen dubbisa keessaa ba'anii gilgaala sadii jalatti dhiyaatan hojjechiisi.
- ☞ Jechoonni kunis kan argaman taphichuma keessadha.
- ☞ Barattoonnis jechoota sanneen sirriitti walitti firoomsuu danda'uu isaanii hordofi.
- ☞ Bakka rakkoon jirutti immoo gargaari.

## Deebii Gilgaala 3

a. Hora Garbaa
b. Gurraattii xiqqoo
c. Torbee boruu
d. Gurra dooluu

## Gilgaala 4 (Wayitii 4)

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Sagalee dheeraafi gabaabaa adda nibaafatu.

## Ga'ee barsiisaa/tuu

- ☞ Jechoota sagalee gabaabaafi sagalee dheeraa irraa ijaaraman kanneen dubbisa keessaa bahuun gilgaala afur jalatti gabatee keessatti dhiyaatan akka adda baafataniif haala gabatee fakkeenyaaf kennameetti hojjechiisi.

- ☞ Barattoonnis kana hojjechuu danda'uuu isaanii hordofuun bakka barbaachisaa ta'etti gargaari.
- ☞ Sagalee gabaabaan sagalee waamuuf yeroo gabaabaa namatti fudhatu yookiin kan yeroo barreeffamu dubbachiiftuun tokko taatee barreeffamtudha. Fakkeenyaaf, lafa, nama, laga, tabba, adda fi kkf.
- ☞ Sagalee dheeraan immoo sagalee waamuuf yeroo dheeraa namatti fudhatu yookiin dubbachiiftuun gosti tokko lama taatee walitti aantee osoo dubbifamaan gidduu hin seeniin barreeffamtudha. Fakkeenyaaf, laafaa, daaraa, daakuu, mootii, lootii, waaddii, waakkii, eegee, kkf. Kanaaf, gabaabinniifi dheerinni dubbachiiftuu irratti hundaa'a.

## Deebii Gilgaala 4

| sagalee dheeraa | sagalee gabaabaa |
|---|---|
| naashaa | hora |
| yoom | gama |
| eeguu | mura |
| dooluu | boru |

## Gilgaala 5 (Wayitii 4)

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Jecha qubee sirriin nibarreessu.

## Ga'ee barsiisaa/tuu

- ☞ Dhumarrattis, jechoota dubbisa keessaa bahuun gabatee armaan gadii keessatti dhiyaatan sagalee olkaasuun barattootaaf dubbisii akka sirriitti qubeessuun barreessan taasisi.
- ☞ Yeroo kanas barattoonni jechoota dubbifameef sirriitti qubeessuun barreessuu danda'uu isaanii hordofuun bakka rakkoon jirutti gargaari.

**Deebii Gilgaala 5 jechoota barattootaaf dubbifaman:**

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| hafe | eeguu | gama | harree | bira |
| naashaa | mure | dooluu | bite | ooluu |

## BOQONNAA 2 CAALTUU (Wayitii 12)

**Kaayyoleen gooree boqonnaa kanaa:**

Dubbisuun dura waa'ee dubbisichaa nitilmaamu;

Ergaa waliigalaafi murtaa'aa dubbisichaa addaan nibaasu;

Jechoota laafaafi jabaa addaan nibaasu;

Jechoota sagalee laafaafi jabaa qaban dubbisa keessaa adda baasu;

Jechoota dubbisa keessaa bahan gargaaramuun hima;

nibarreessu.

fakkeenya kennameef fayyadamuun keeyyata eegalame nixumuru

**Gilgaala 1(Daqiiqaa 5)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Dubbisuun dura waa'ee dubbisichaa nitilmaamu.

**Ga'ee barsiisaa**

- ☞ Barsiisaa/tuu osoo dubbisa boqonnaa lama jalatti dhiyaate barattoota hindubbisiin dura gaaffilee gilgaala 1 jalatti dhiyaatan akka teessumma isaaniin daqiiqaa shaniif garee gareen hojjechiisi.
- ☞ Ati immoo barattoonni gilgaala kennameef kana hojjechaa jiraachuu isaanii keessa deemuun hordofi. Bakka isaaniif ifa hintaane yoo jiraate ibsiif.
- ☞ Deebiin gaaffilee kanneeniif isaan kennan sirriidha yookiin sirrii miti hinjettu.
- ☞ Isaan waan isaanitti fakkaate jedhanii deebisuu danda'u. Kan isaan deebiin isaanii sirrii yookiin dogoggora ta'uu adda baafatan dubbisa dhiyaate dubbisuun.

**Gilgaala 2 (Wayitii 2)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Ergaa waliigalaafi murtaa'aa dubbisichaa addaan nibaasu;

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Itti aansuun, dubbisicha dhuunfaan callisaan akka dubbisan taasisi.
- ☞ Yeroo kanas barattoonni hundi dubbisaa jiraachuu adda baafachuuf keessa deemii hordofi.
- ☞ Bakka rakkoon jiruttis gargaari.
- ☞ Kana booda, ergaa walii galaa dubbisichaa adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuuf, gaaffilee gilgaala 2 jalatti dhiyaatan dhuunfaan hojjechiisi.

- ☞ Yeroo kanas barattoonni gaaffilee kanneen deebisuu danda'uu isaanii adda baafachuuf dabareen gaafadhu.
- ☞ Bakka rakkoon jirutti immoo gargaari.
- ☞ Kaayyoon gaaffilee kanaas barattoonni dubbisa dhiyaate hammam akka hubatan madaaluudha.

**Deebii Gilgaala 2**

1. soba
2. dhugaa
3. dhugaa
4. a
5. b

**Gilgaala 3 (Wayitii 2)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Jechoota sagalee laafaafi jabaa addaan nibaasu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

Itti fufuun, jechoota dubbisa keessaa bahuun gilgaala 3 jalatti gabatee keessatti dhiyaatan keessaa jechoota sagalee laafaafi sagalee jabaa irraa ijaaraman akka adda baasaniif dhuunfaan hojjechiisi. Jechoota isaan sagalee laafaafi sagalee jabaa irraa ijaaraman jedhanii adda baasan sanas maaliif akkas akka jedhan gaafadhu.

Barattoonnis kana hojjechuu danda'uu isaanii keessa deemuun hordofii bakka rakkoon isaan mudatetti gargaari.

- ☞ Sagalee laafaan sagalee waamuuf humna xiqqaa nama gaafatu yookiin dubbifamaan gosti tokko qeentee ta'ee barreeffamudha. Fakkeenyaaf, sodaa, nama, laga, kkf.
- ☞ Sagalee jabaan immoo sagalee waamuuf humni cimaa nama gaafatu yookiin dubbifamaan gosti tokko lama ta'ee walitti aanee barreeffamudha. Fakkeenyaaf, jabbii, soddaa, moggaa, tokko, tabba, waaddii, waakkii, cabbii, bakka, kkf. Kanaaf, gabaabinniifi dheerinni dubbifamaa irratti hundaa'a.

**Deebii Gilgaala 3**

| **sagalee laafaa** | **sagalee jabaa** |
|---|---|
| sadii | sammuu |
| qaama | galle |
| amala | keessa |
| garaa | kanneen |
| gaarii | |

**Gilgaala 4 (wayiti 1)**

**Kaayyoo gilgaala kanaa:**

Jechoota sagalee laafaafi jabaa dubbisa keessaa addaan nibaasu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

Itti aansuun, gilgaala 4 hojjechiisi. Kunis barattoonni ofii isaaniitii jechoota sadi sadii dubbisa kenname keessaa baasanii akka barreessan taasisi. Yeroo isaan hijjetan sirnaan hojjechuu isaanii irra naanna'ii mirkaneessi. Bakka barbaachisaa ta'etti deeggariin.

- ☞ Gilgaalli 4ffaan kun irra deddeebi'anii haa shaakalaniif malee isa olii irra adda miti. Haata'u malee, isa duraa keessatti kan dhiyaatef adda baasuu yoo ta'u, kun immoo ofii isaaniitii jechoota akka barbaadanidha.

**Gilgaala 5 (Wayitii 4)**

**Kaayyoo gilgaala kanaa:**

Jechoota dubbisa keessaa bahan gargaaramuun hima nibarreessu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Akkasumas, jechoota dubbisa keessaa bahuun gilgaala 5 jalatti dhiyaataniin akka fakkeenya isaaniif kennameetti himoota gaggabaaboo akka ijaaran taasisi.
- ☞ Barattoonnis kana hojjechuu danda'uu isaanii hordofuun bakka barbaachisaa ta'etti gargaari.

**Gilgaala 6 (Wayitii 4)**

**Kaayyoo gilgaala kanaa:**

Fakkeenya kenname fayyadamuun keeyyata eegalame nixumuru.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- Dhumarrattis, odeeffannoo gilgaala 6 jalatti isaaniif dhiyaate fayyadamuun waa'ee baratаа yookiin barattuu cimtuu beektu tokkoo keeyyattoota gaggabaaboo lamaan akka barreessanii fidan taasisi.
- Barreeffama isaanii kanas dareetti fidanii akka waliif dubbisan taasisi.
- Kan fakkeenya gaarii ta'e tokko yookiin lama sagalee olkaasisii dubbisiisi.
- Barattoota barreeffama fakkeenya ta'e barreessan onnachiisi.
- Kunis jajuun yookiin barattoota harka walitti rukuchiisuun raawwatamuu danda'a.

Galataan gorsa maatii isaa nidhaga'a. Kanaafuu, meeshaa barnootaa seeraan qabata. Yeroo mana barumsaatii galu maatii isaa hojii nigargaara. Akkasumas, naamusa gaarii waan qabuuf hiriyyootaafi barsiisota isaa biratti nijaalatama.

## BOQONNAA 3 OBBO FAYISAA (wayitii kenname 14)

**Kaayyooleen gooree boqonnaa kanaa**:

Dubbisuun dura waa'ee dubbisichaa tilmaamuu;

Odeeffannoo murtaa'aafi waliigalaa dubbisaa adda nibaasu;

Jechoota dubbisa keessaa ba'aniif hiika faallaa nibareessu;

Haaluma fakkeenya kennameen iddoo duwwaa niguutu;

Jechoota kennaman himatti nitartiibessu.

**Gilgaala 1(Wayitii gilgaala1 fi 2= 4)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Dubbisuun dura waa'ee dubbisichaa nitilmaaamu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- Barsiisaa/tuu osoo dubbisa boqonnaa sadii jalatti dhiyaate barattoota kee hindubbisiin dura gaaffilee gilgaala tokko jalatti dhiyaatan akka teessumma isaaniin daqiiqaa shaniif garee gareen hojjechiisi.
- Ati immoo barattoonni gilgaala kennameef kana hojjechaa jiraachuu isaanii keessa deemuun hordofi. Bakka barbaachisaa ta'ettis deeggarsa taasisiif.
- Deebiin gaaffilee kanneeniif isaan kennan sirriidha yookiin sirrii miti hinjettu. Isaan waan isaanitti fakkaate jedhanii deebisuu danda'u. Kan isaan deebiin isaanii sirrii yookiin dogoggora ta'uu adda baafatan dubbisa dhiyaate dubbisuun.

**Gilgaala 2**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Odeeffannoo murtaa'aafi waliigalaa dubbisaa adda nibaasu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

Itti aansuunis, dubbisicha dhuunfaa dubbisuun gilgaala 2 jalatti gaaffilee kennaman akka deebisan taasisi. Yeroo kana barattoonni hundi dubbisaa gafficha hojjechaa jiraachuu hordofi. Bakka rakkoon jiruttis gargaari.

Kaayyoon gaaffilee kanaas barattoonni dubbisa dhiyaate hammam akka hubatan madaaluudha.

**Deebii Gilgaala 2**

1. soba
2. a
3. b
4. b
5. a

**Gilgaala 3 (Wayitii 3)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Jechoota dubbisa keessaa ba'aniif hiika faallaa nibareessu.

**Ga'e**

Akkasumas, jechoota dubbisa keessaa ba'uun gilgaala 3 jalatti dhiyaataniif akka fakkeenya kennameetti hiika faallaa isaanii akka barreessuun deebisan taasisi. Barattoonnis jechoota sanneeniif hiika faallaa kennuu danda'uu isaanii hordofi. Bakka deeggarsa barbaadanitti gargaari.

**Deebii Gilgaala 3**

1. baasii = galii
2. fayyaa=dhukkuba
3. gammachuu=gadda
4. dharra'uu= jibbuu

**Gilgaala 4 (Wayitii 3)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Haaluma fakkeenya kennameen iddoo duwwaa niguutu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

Gilgaalli 4 geengoo dhiyaate keessatti barattoonni gosa kuduraafi muduraa akka barreessan gaafata. Kanaafuu, haaluma dubbisa keessatti dhiyaateen barattoonni gosoota kuduraafi muduraa dubbisa dubbisanii keessaa barbaaduun geengoo dhiyaate keessatti akka barreessan taasisi. Kanas kan raawwatan geengicha barruu isaanii irratti kaafachuudhaan ta'a. yeroo barattoonni hojjetanis hordofaa bakka gargaarsa barbaadanitti deeggari.

**Deebii gilgaala 4**

1. Muduraa= muuzii, burtukaa, paappaayaafi maangoo
2. Kuduraa= kaarotii, raafuufi qaaraa

**Gilgaala 5 (Wayitii 3)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Jechoota dubbifaman qubee sirriin nibarreessu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Gilgaala 5 immoo jechoota dubbisa keessaa bahan kan gabatee armaan gadii keessatti dhiyaatan sagalee olkaasuun barattootaaf akka dubbistu si ajaja.
- ☞ Kanaaf, atis jechoota kanneen sagalee olkaasuun barattootaaf dubbisuun barattoonni sirriitti qubeessuun akka barreessan taasisi.
- ☞ Wayitii garaagaraa keessatti immoo irra deddeebi'ii shaakalchiisi.
- ☞ Yeroo kanas barattoonni jechoota dubbifameef sirriitti qubeessuun barreessuu danda'uu isaanii hordofuun bakka rakkoon jirutti gargaari.

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| maatii | kuduraa | sammuu | argatu | dharraa |

**Gilgaala 6 (Wayitii 4)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Jechoota kennaman himatti nitartiibessu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- Kana malees, jechoota dubbisa keessaa bahuun gilgaala 6 jalatti dhiyaataniin akka fakkeenya isaaniif kennameetti hima akka ijaaran taasisi.
- Barattoonnis kana hojjechuu danda'uuu isaanii hordofuun bakka barbaachisaa ta'etti gargaari.

**Deebii gilgaala 6**

1) Sangaa fayyaan fardadha.
2) Muduraa nyaachuun nama gammachiisa.
3) Namni kuduraa nyaatu fayyaa qaamaa qaba.
4) Oomishni kuduraa galiif shoora guddaa qaba.

## BOQONNAA 4 GORSA DIDDUUN DU'A HINDIDDU (Wayitii 13)

**Kaayyoleen gooree boqonnaa kanaa:**

Dubbisuun dura waa'ee dubbisichaa nitilmaamu;

Odeeffannoo calla dubbisichaa addaan nibaafatu;

Jechoota dubbisa keessaa ba'aniif hiika bakka galumsaa nikenna;

Jechoota irra butaafi hudhaa qaban dubbisicha keessaa baasanii nibarreessu;

Himoota wal keessa makaman keeyyatatti nitartiibessu;

Mammaaksota gorsa kennan afur ergaa isaanii nibarreessu.

Mammaaksota gorsa kennan walitti nihimu;

Dundunii kana irraa maal akka hubatan niibsu

**Gilgaala 1(Wayitii gilgaala 1 fi 2 =2 )**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Dubbisuun dura waa'ee dubbisichaa nitilmaamu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

Barsiisaa/tuu osoo dubbisa boqonnaa afur jalatti dhiyaate barattoota kee hindubbisiisiin dura gaaffii gilgaala tokko jalatti dhiyaate akka teessumma isaaniin daqiiqaa shaniif gareen hojjechiisi. Ati immoo barattoonni gilgaala kennameef kana hojjechaa jiraachuu isaanii keessa deemuun hordofi. Bakka barbaachisaa ta'ettis deeggarsa taasisiif.

☞ Deebiin gaaffilee kanneeniif barattoonni kennan akkuma boqonnaawwan kanaan duraa keessatti ibsame sirriidha yookiin sirrii miti hinjettu. Isaan waan isaanitti fakkaate jedhanii deebisuu danda'u. Kan isaan deebiin isaanii sirrii yookiin dogoggora ta'uu adda baafatan dubbisa dhiyaate dubbisuun.

**Gilgaala 2**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Odeeffannoo calla dubbisichaa addaan nibaafatu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

☞ Gaaffilee gilgaala 2 jala jiran hojjechuuf dubbisicha dhuunfaan callisaan akka dubbisan taasisi.
☞ Yeroo kanas barattoonni hundi dubbisaa jiraachuu adda baafachuuf keessa deemii hordofi. Bakka rakkoon jiruttis gargaari.
☞ Kana booda, odeeffannoo murtaa'aa adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuuf, gaaffilee gilgaala 2 jalatti dhiyaatan dhuunfaan hojjechiisi.
☞ Yeroo kanas barattoonni gaaffilee kanneen deebisuu danda'uu isaanii adda baafachuuf dabareen gaafadhu.
☞ Bakka rakkoon jirutti immoo gargaari.

**Deebii gilgaala 2**

1. a
2. c
3. soba
4. b
5. soba
6. c
7. a
8. Hindu'an yookiin balaan du'aa irra hinga'u ture.

**Gilgaala 3 (Wayitii 1)**

- **Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Jechoota dubbisa keessaa ba'an hiika haala galumsaa nikenna.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Itti fufuunis, jechoota dubbisicha keessatti jala muramaniif hiika wal gitu kennuun gilgaala 3 jalatti dhiyaataniif akka fakkeenya kennameetti akka barreessuun deebisan taasisi.
- ☞ Barattoonnis jechoota sanneeniif hiika walgitu kennuu danda'uu isaanii hordofi. Bakka deeggarsa barbaadanitti gargaari.

**Deebii Gilgaala 3**

1. qilee= hallayyaa
2. sokke= deeme
3. caattoo= dulloomaa, raagaa, jaarsa- kan biraanis jiraachuu danda'a.

**Gilgaala 4 (Wayitii 2)**

**Kaayyoo gilgaala kanaa:**

Jechoota irra butaafi hudhaa qaban dubbisicha keessaa baasanii nibarreessu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

Gilgaala 4 immoo dubbisicha keessaa jechoota irra butaafi hudhaa qaban baasanii akka barreessan shaakalsiisi. Kana gochuuf immoo, dubbisicha irra deebi'anii akka dubbisan ajajiin. Yeroo kanas barattoonni irra butaafi hudhaa qaban baasanii akka barreessuu danda'uu isaanii hordofuun bakka rakkoon jirutti gargaari.

- ☞ Irra bunni bakka sagalee tokko osoo sirriitti hinsagaleeffamiin bira darbamtu/dubbachiiftuu/i/hinbarreeffamiin bira darbamtu yookiin dubbifamaan gosti garaa garaa lama ta'anii walitti aananii barreeffamuudha.

☞ Sagalee hudhaan immoo sagalee yommuu qilleensi sombaa ba'u kokkee keessatti adda citu uumamudha. Sagaleen hudhaas sagalee gosa sagalee dubbifamaati. Kunis mallattoo / '/ kanaan bakka bu'a.

**Deebii gilgaala 4**

**sagalee irra butaa**

1. afurtu
2. argan
3. dargaggeeyyii
4. gorsa
5. murtaa'aafi kan biroonillee nijiru.

**sagalee hudhaa**

1. sa'a
2. beela'uu
3. deebi'ee
4. du'aafi kan biroonillee nijiru.

**Gilgaala 5 (Wayitii 2)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Himoota wal keessa makaman keeyyatatti nitartiibessu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

☞ Akkasumas, himoota walkeessa makaman tartiibessuun keeyyata tokko ijaaruu gilgaala 5 jalatti dhiyaataniin akka hojjetan taasisi.

☞ Barattoonnis kana hojjechuu danda'uu isaanii hordofuun bakka barbaachisaa ta'etti gargaari.

**Deebii gilgaala 5**

Durdur waraabeyyii afurtu waliin jiraachaa turan. Otoo deemanii, sa'a karaa baatu dhabdee hallayyaa keessa dhaabbattu argan. Itti aansuun, Waraabessi caattoon sun akka isaan hallayyaa sana hinbuune akeekkachiise. Haata'u malee, Waraabeyyiin sadan gorsa didanii hallayyaa bu'anii ba'uu dadhaban. Waraabessi raagaan sun, "gorsa didduun du'a hindiddu!" jedheen jedhama.

**Gilgaala 6 (wayitii 2)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Mammaaksota gorsa kennan afur ergaa isaanii nibarreessu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

☞ Barsiisa/tuu mammaaksota gorsa kennan kanneen gilgaala 6 jalatti dhiyaataniif hiika isaa irratti akka mari'atan taasisi.

☞ Barattoonnis mammaaksota gorsa kennan kanneen barreessuu danda'uu isaanii hordofuun bakka barbaachisaa ta'etti gargaari.

☞ Hiikni mammaaksota kanaas deebiin isaa fakkeenyaaf kan ta'u armaan gaditti taa'eera.

☞ Kana jechuun garuu deebii kana qofa qaba jechuu miti.

1. Jarjaruu/ ariifachuun miidhaa qabaachuu agarsiisa
2. Qusannoon barbaachisaa ta'uu ibsa
3. Qaana'anii jiraachuun gaarii akka hintaane mul'isa
4. Rakkoo keessaa ba'uun kan danda'amu yoo wal dhaga'aniifi walgargaaranidha.

**Gilgaala 7 (Wayitii 2)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Mammaaksota gorsa kennan walitti nihimu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- Itti dabalees, mammaaksota gorsa kennan walitti himuu gilgaala 7 jalatti dhiyaatan akka walitti himan taasisi.
- Makkaaksota kanas maatii isaanii gaafatanii akka fidan hojii manaa kenniis.
- Barattoonnis mammaaksota gorsa kennan kanneen walitti himuu danda'uu isaanii hordofuun bakka barbaachisaa ta'etti gargaari.

**Gilgaala 8 (Wayitii 1)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Durdurii kana irraa waan hubatan walitti nihimu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Inni dhumaa gilgaala 8ffaa dha. Gilgaala kana jalatti barattoonni dubbisa "Hima didduun du'a hindiddu" jedhu irraa maal akka baratan akka barreessan taasisuudha.
- ☞ Kanaafuu, barattoonni dubbisicha irraa kallattii garaagaraatiin waan baratan akka barreessanii yaada isaanii dareef qoodan taasisi.
- ☞ Yeroo isaan hojjetanis hordofuun bakka hingalleefitti deeggari.

## BOQONNAA 5 AADDE BADHAATUU (Wayitii 7)

**Kaayyoleen gooree boqonnaa kanaa:**

Dubbisuun dura waa'ee dubbisichaa nitilmaamu;

Dubbisa keessaa odeeffannoo murtaa'oo adda nibaasu;

Odeeffannoo waliigalaa dubbisaa nihimu;

Jechoota kennamaniin himoota ni ijaaru;

Keeyyata hanga himoota shan qabu nibarreessu;

Mata duree siif kenname irratti seera eegii falmii qeqqeessi.

### Gilgaala 1 (Wayitii gilgaala 1-3= 3)

**Kaayyoo gilgaala kanaa:**

Dubbisuun dura waa'ee dubbisichaa nitilmaamu.

### Ga'ee barsiisaa/tuu

- Barsiisaa/tuu osoo dubbisa boqonnaa shan jalatti dhiyaate barattoota kee hindubbisiin dura gaaffii gilgaala tokko jalatti dhiyaate akka teessumma isaaniin daqiiqaa shaniif gareen akka irratti mari'atan taasisi.
- Ati immoo barattoonni gilgaala dhiyaate irratti mari'achaa jiraachuu isaanii keessa deemuun hordofi.
- Bakka barbaachisaa ta'ettis deeggarsa taasisiif.
- Asittis akkuma boqonnaawwan kanaan duraa keessatti ibsame deebii barattoonni kennan sirriidha yookiin sirrii miti hinjettu.

☞ Isaan waan isaanitti fakkaate jedhanii deebisuu danda'u.
☞ Kan isaan deebiin isaanii sirrii yookiin dogoggora ta'uu adda baafatan dubbisa dhiyaate dubbisuun.

**Gilgaala 2**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Dubbisa keessaa odeeffannoo murtaa'oo adda nibaasu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

☞ Itti aansuun, dubbisicha dhuunfaan callisaan akka dubbisan taasisi.
☞ Yeroo kanas barattoonni hundi dubbisaa jiraachuu adda baafachuuf keessa deemii hordofi. Bakka rakkoon jiruttis gargaari.
☞ Kana booda, odeeffannoo murtaa'aafi waliigalaa adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuuf, gaaffilee gilgaala 2 jalatti dubbisichaa gaditti dhiyaatan dhuunfaan hojjechiisi.
☞ Yeroo kanas barattoonni gaaffilee kanneen deebisuu danda'uu isaanii adda baafachuuf keessa deemii hordofi. Bakka rakkoon jirutti immoo gargaari.
☞ Itti fufuunis, deebii isaan dhuunfaan kennan lama lamaan walii ilaaluun bakka garaagarummaa qaban irratti akka mari'atan taasisi.

**Deebii gilgaala 2**

1. soba
2. soba
3. buna, barbaree, qullubbii adiifi shunkurtii
4. oomisha
5. b
6. a
7. a

**Gilgaala 3**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Odeeffannoo waliigalaa dubbisaa nihimu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Barattoonni gaaffilee gilgaala 3 jalatti dhiyaatan irratti dubbisicha ka'umsa godhachuudhaan yaada isaanii akka ibsan taasisi.
- ☞ Gaaffilee lamaanuu irratti deebiin walfakkaataan tokko jiraachuu dhiisuu nidanda'a.
- ☞ Barattoonnis kana hojjechuu danda'uu isaanii hordofuun bakka barbaachisaa ta'etti gargaari.

**Gilgaala 4 (Wayitii 1)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Jechoota kennamaniin himoota ni ijaaru.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

Itti aansuun, jechoota dubbisa keessaa bahuun gilgaala 4 jalatti dhiyaataniin akka fakkeenya isaaniif kennameetti hima akka ijaaran taasisi. Barattoonnis kana hojjechuu danda'uu isaanii hordofuun bakka barbaachisaa ta'etti gargaari.

**Gilgaala 5 (Wayitii 1)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Keeyyata hanga himoota shan qabu nibarreessu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Barsiisa/tuu gilgaala 5 jalatti keeyyanni akka fakkeenyaatti barattootaaf kennameera.
- ☞ Kanaafuu, atis barattoonni keeyyata akka fakkeenyaatti isaaniif kenname irratti hundaa'uun keeyyata himoota shan qabu akka barreessan taasisi.
- ☞ Yeroo isaan barreessanis hordoffiifi deeggarsa taasisiif.

**Gilgaala 6 (Wayitii 1)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Mata duree kenname irratti falmii nigaggeesse.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Boqonnaa kana jalatti kan barbaadamu akka barattoonni falmii taasisanidha.
- ☞ Yeroo falmii taasisan kanas seera falmii akka eegan taasisi.
- ☞ Seera barattoonni eeguu qaban muraasnis dabaree eeganii dubbachuu, ragaa dhiyeessuu danda'uu, yaadaa ofii tasgabbiin ibsuudha.
- ☞ Falmii kana keessatti immoo barattootaa daree guutuu bakka lamatti qoodii garee garaagaraa ijaari.
- ☞ Qajeelfama ifa ta'e kennuufiin deegarsa barbaachisaa kenniif.

## BOQONNAA 6 URURSA DAA'IMMANII BOORANAA (Wayitii 12)

**Kaayyoleen gooree boqonnaa kanaa:**

Odeeffannoo murtaa'aa dubbisaa argachuu;

Urursa daa'immanii yeedaleessanii dubbisuu;

Jechoota sagalee gabaabaa, dheeraa, laafaafi jabaadhaan nidubbisa;

Hiika jechoota haala galumsaatiin tilmaamu.

### Gilgaala 1 (Wayitii gilgaala 1 fi 2=2)

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Dubbisuun dura waa'ee dubbisichaa nitilmaamu.

### Ga'ee barsiisaa/tuu

- ☞ Barsiisaa/tuu osoo dubbisa boqonnaa ja'a jalatti dhiyaate barattoota kee hindubbisiin dura gaaffilee gilgaala tokko jalatti dhiyaate akka teessumma isaaniin daqiiqaa shaniif cimdiin akka irratti mari'atan taasisi.
- ☞ Barattoonni gilgaala dhiyaate irratti mari'achaa jiraachuu isaanii keessa deemuun hordofi.
- ☞ Bakka barbaachisaa ta'ettis deeggarsa taasisiif.
- ☞ Asittis akkuma boqonnaawwan kanaan duraa keessatti ibsame deebii barattoonni kennan sirriidha yookiin sirrii miti hinjettu.
- ☞ Isaan waan isaanitti fakkaate jedhanii deebisuu danda'u.
- ☞ Kan isaan deebiin isaanii sirrii yookiin dogoggora ta'uu adda baafatan dubbisa dhiyaate dubbisuun.

**Gilgaala 2**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Odeeffannoo murtaa'aa dubbisaa argachuu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Barattoonni dubbisicha dhuunfaan callisaan akka dubbisan taasisi.
- ☞ Yeroo kanas barattoonni hundi dubbisaa jiraachuu adda baafachuuf keessa deemii hordofi. Bakka rakkoon jiruttis gargaari.
- ☞ Kana booda, odeeffannoo murtaa'aafi waliigalaa adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuuf, gaaffilee gilgaala 2 jalatti dubbisichaa gaditti dhiyaatan dhuunfaan hojjechiisi.
- ☞ Yeroo kanas barattoonni gaaffilee kanneen deebisuu danda'uu isaanii adda baafachuuf keessa deemii hordofi.
- ☞ Bakka rakkoon jirutti immoo gargaari. Itti fufuunis, deebii isaan dhuunfaan kennan lama lamaan walii ilaaluun bakka garaagarummaa qaban irratti akka mari'atan taasisi.

## Deebii gilgaala 2

1. soba
2. a
3. b
4. b
5. qalbii
6. Anaan dhaanuu/anaa wajjin wal loluu barbaade jechuudha.
7. Gaaffiin kun deebii garaagaraa qabaachuu waan danda'uuf barattoonni akka isaan yaada isaanii ibsan taasisi.

## Gilgaala 3 (Wayitii 3)

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Urursa daa'immanii yeedaleessanii nidubbisuu.

## Ga'ee barsiisaa/tuu

- ☞ Dubbisa urursa daa'immanii boqonnaa kana keessatti dhiyaate barattoonni bifa walaloon dubbisuu gilgaala 3 jalatti kenname akka dubbisan taasisi.
- ☞ Barattoonni sagalee isaanii olkaasuun bifa walaloon yeedaleessanii dubbisuu danda'uu isaanii hordofi.
- ☞ Bakka rakkoon jiruttis gargaari.
- ☞ Barattoota uruursa daa'immanii kana haala gaariin bifa walaloon dubbisanis onnachiisi.

## Gilgaala 4 (Wayitii 4)

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Jechoota sagalee gabaabaa, dheeraa, laafaafi jabaadhaan nidubbisa.

## Ga'ee barsiisaa/tuu

- ☞ Barsiisa/tuu dubbisa dhiyaate dubbisuun jechoota sagalee gabaabaa, dheeraa, laafaafi jabaa qaban adda baasuun gabatee keessatti guutuu gilgaala 4 jalatti kenname akka fakkeenya isaaniif kennameetti akka hojjetan taasisi.
- ☞ Barattoonnis kana hojjechuu danda'uu isaanii hordofuun bakka barbaachisaa ta'etti gargaari.

## Deebii Gilgaala 4

| **sagalee dheeraa** | **sagalee gabaabaa** | **sagalee laafaa** | **sagalee jabaa** |
|---|---|---|---|
| Fkn. Deemuu | natu | mana, dhaanuu | tiyya |
| hoo | si | dhalee | fakkaata |
| dhaanuu | sin | mataa | ijoollee |
| boottaa | gadi | barbaadee | didiqqoo |
| qooddaa | ani | achii | deettee |
| | na | gad | gulummaa |
| | muka | qalbii | qayyuma |
| | | damee | gubbaa |
| | | mureeti | jibbuu |
| | | | boottaa |
| | | | qooddaa |
| | | | tottolchaa |

## Gilgaala 5 (Wayitii 3)

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Hiika jechoota haala galumsaatiin tilmaamu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Amma immoo, jechoota dubbisa keessaa bahan gilgaala 5 jalatti dhiyaataniif akka fakkeenya isaaniif kennameetti hiika haala galumsaa kennuun akka barreessan taasisi.
- ☞ Barattoonnis kana hojjechuu danda'uu isaanii keessa deemuun hordofii bakka barbaachisaa ta'etti gargaari.

**Deebii gilgaala 5**

1. mataa kiyya = ofii kiyyaa
2. damee tiyya= fira tiyyaa
3. qalbii tiyya= yaada tiyyaa
4. gadi deemuu= xiqqaachaa deemuu
5. didiqqoo tiyya= xixiqqoo tiyya

BO

**Kaayyoleen gooree boqonnaa kanaa:**

Dubbisuun dura waa'ee dubbisichaa nitilmaamu;

Dubbisa keessaa odeeffannoo murtaa'aa addaan nibaasu;

Jechoota waliin deeman gabatee keessaa filatanii nibarreessu;

Jechoota dhiyaatan gargaaramuun himoota guutuu nibarreessuu;

Odeeffannoo kennameef gargaaramuun keeyyata nibarreessu;

Odeeffannoo dubbisa armaan olii fayyadamuun waa'ee balaa tiraafikaa irratti haasaa nitaasisu.

**Gilgaa**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Dubbisuun dura waa'ee dubbisichaa nitilmaamu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- Barsiisaa/tuu osoo dubbisa boqonnaa torba jalatti mata duree 'Boruufi Lalisee' jedhuun dhiyaate barattoota kee hindubbisiin, dura gaaffii gilgaala tokko jalatti dhiyaate akka teessuma isaaniin daqiiqaa shaniif cimdii cimdiin akka irratti mari'atan taasisi.
- Ati immoo barattoonni gilgaala dhiyaate irratti mari'achaa jiraachuu isaanii keessa deemuun hordofi. Bakka ifa hintaanettis deeggarsa taasisiif.
- Kana irratti barattoonni akka yaada isaanii ibsatantu barbaadame malee deebii sirrii yookaan dogoggora jedhamu hinjiru.

**Gilgaala 2**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Odeeffannoo murtaa'aa dubbisaa niargatu.

## Ga'ee barsiisaa/tuu

- ☞ Barsiisa/tuu dursa dubbisicha dhuunfaan callisaan akka dubbisan taasisi. Yeroo kanas barattoonni hundi dubbisaa jiraachuu adda baafachuuf keessa deemuun hordofi.
- ☞ Bakka rakkoon jiruttis gargaari.
- ☞ Kana booda, barattoonni odeeffannoo murtaa'aafi waliigalaa adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuuf, gaaffilee gilgaala 2 jalatti dhiyaatan dhuunfaan hojjechiisi.
- ☞ Yeroo kanas barattoonni gaaffilee kanneen deebisuu danda'uu isaanii adda baafachuuf keessa deemii hordofi.
- ☞ Bakka rakkoon jirutti immoo gargaari.
- ☞ Itti fufuunis, deebii isaan dhuunfaan kennan lama lamaan walii ilaaluun bakka garaagarummaa qaban irratti akka mari'atan taasisi.
- ☞ Kana booda guutummaa daree waliin hojjedhu.

## Deebii gilgaala 2

1. soba
2. soba
3. a
4. b
5. c
6. c
7. Gaaffii kana irratti yaada isaanii ba'inaan akka ibsatan taasisi.

## Gilgaala 3 (Wayitii 4)

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Jechoota waliin deeman walitti nifiroomsu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

Jechoota waliin deeman kanneen dubbisa keessaa bahuun gilgaala 3 jalatti dhiyaataniin akka fakkeenya isaaniif kennameetti walitti akka firoomsan taasisi. Barattoonnis kana hojjechuu danda'uu isaanii keessa deemuun hordofii bakka barbaachisaa ta'etti gargaari.

**Deebii gilgala 3**

1. seera <u>tiraafiikii</u>
2. daandii <u>konkolaataa</u>
3. lukaan <u>deemuu</u>
4. mana <u>barumsaa</u>
5. kubbaa <u>taphachuu</u>

**Gilgaala 4 (Wayitii 3)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Jechoota dhiyaatan gargaaramuun himoota guutuu nibarreessuu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

Itti dabalees, jechoota dubbisa keessaa bahuun gilgaala 4 jalatti dhiyaataniin akka fakkeenya isaaniif kennameetti hima akka ijaaran taasisi. Barattoonnis kana hojjechuu danda'uu isaanii hordofuun bakka barbaachisaa ta'etti gargaari.

**Gilgaala 5 (Wayitii 3)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Odeeffannoo kennameef gargaaramuun keeyyata nibarreessu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

Kana malees, keeyyata mata dureen isaa 'Boruufi Lalisee' gilgaala 5 jalatti akka fakkeenyaatti isaaniif kenname irratti hundaa'uun mata duree 'Boruufi Lalisee' jedhu irratti keeyyata himoota shan shan qaban lama akka barreessan taasisi. Keeyyata isaan barreessan kanas ilaaluun sororsii yaaddeebii kenniif. Kan fakkeenya gaarii ta'an immoo hanga barattoota sadii sagalee isaanii olkaasanii dareef akka dubbisan taasisi. Barattoota kana raawwanis onnachiisi. Kunis jajuun yookiin barattoota harka walitti rukuchiisuun raawwatamuu danda'a.

**Gilgaala 6 (Wayitii 1)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Odeeffannoo dubbisa armaan olii fayyadamuun waa'ee balaa tiraafikaa irratti haasaa nitaasisu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- Barsiisa/tuu barattoonni gara duubaatti deebi'uun dubbisa waa'ee Boruufi Jaalannee akka dubbisani taasisi.
- Erga dubbisanii booda akka nama itti gaafatamummaa qabuutti balaa tiraafikaa irratti barattoota fuuldaratti ba'uun haasaa akka taasisan taasisi.
- Barattoonni dabaree dabareenyaan gocha kana raawwatu.
- Kana raawwachuuf immoo qajeelfama ifa ta'e kenneef.

☞ Bakka deersa barbaadanitti deeggari.

**BOQONNAA 8 BURQUMSAA (Wayitii 11)**

**Kaayyoleen gooree boqonnaa kanaa:**

Dubbisuun dura waa'ee dubbisichaa nitilmaamu;

Odeeffannoo waliigalaafi callaa dubbisaa adda baasuu;

Haala fakkeenya kennameen iddoo duwwaa niguutu;

Jechoota tartiibessuun hima ni ijaaru

**Gilg**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Dubbisuun dura waa'ee dubbisichaa nitilmaamu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Barsiisaa/tuu osoo dubbisa boqonnaa saddeet jalatti mata duree 'Burqumsaa' jedhuun dhiyaate barattoota kee hindubbisiin, dura gaaffii gilgaala tokko jalatti dhiyaate akka teessumma isaaniin daqiiqaa shaniif gareen akka irratti mari'atan taasisi.
- ☞ Ati immoo barattoonni gilgaala dhiyaate irratti mari'achaa jiraachuu isaanii keessa deemuun hordofi.
- ☞ Bakka ifa hintaanettis deeggarsa taasisiif.
- ☞ Kana malees, matadureen kun haaraa akka itti hintaane gosa dhangaa Oromoo Kamisee ta'uu isaa hubachiisi.

## Gilgaala 2

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Odeeffannoo waliigalaafi callaa dubbisaa adda baasuu.

## Ga'ee barsiisaa/tuu

- ☞ Itti aansuun, dubbisicha dhuunfaan callisaan akka dubbisan taasisi.
- ☞ Yeroo kanas barattoonni hundi dubbisaa jiraachuu adda baafachuuf keessa deemuun hordofi. Bakka rakkoon jiruttis gargaari.
- ☞ Kana booda, barattoonni odeeffannoo murtaa'aafi waliigalaa adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuuf, gaaffilee gilgaala 2 jalatti dhiyaatan dhuunfaan hojjechiisi.
- ☞ Yeroo kanas barattoonni gaaffilee kanneen deebisuu danda'uu isaanii adda baafachuuf keessa deemii hordofi. Bakka rakkoon jirutti immoo gargaari.
- ☞ Itti fufuunis, deebii isaan dhuunfaan kennan lama lamaan walii ilaaluun bakka garaagarummaa qaban irratti akka mari'atan taasisi.
- ☞ Kana booda guutummaa daree waliin hojjedhu.

## Deebii gilgaala 2

1. soba
2. dhugaa
3. a
4. b
5. dammatu
6. Adeemsa burqumsaan ittiin qophaa'u irratti keeyyata eegalamee xumurame barattoonni akka xumuran taasisi. Yeroo barreessan immoo barruu kennameef dubbisuun yaada achi keessa jirutti haa fayyadamani. Barattoonnis kana hojjechuu danda'uu isaanii hordofuun bakka barbaachisaa ta'etti gargaari. Keeyyata isaan barreessan kanas ilaaluun sororsii yaaddeebii kenniif. Kan sirriitti tartiibessuun barreessan keessaa hangi barattoota sadii sagalee isaanii olkaasanii dareef akka dubbisan taasisi. Barattoota kana raawwatanis onnachiisi. Kunis jajuun yookiin barattoota harka walitti rukuchiisuun raawwatamuu danda'a.

Wanti barattoonni barreessan garaagara ta'uu akka malu hubadhu. Keeyyata armaan gaditti barraa'e garuu akka fakkeenyaatti dhuma irratti barattootaaf dubbisuu nidandeessa.

**Fakkeenya gaaffii 6ffaa**

Burqumsaan adeemsa armaan gadiitiin qophaa'a. Jalqaba irratti garbuutu fiddigama. Itti aansuun garbuu fiddigametu gogfama. Erga gogfamee soramee akaa'ameetu shashakama. Sana booda, sirriitti qulleeffameetu akka walqabatuuf dammi itti dabalama. Dhuma irratti gaawwaatti naqamee maragama.

## Gilgaala 3 (Wayitii 2)

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Jechoota dubbisa keessaa ba'aniin iddoo duwwaa niguutu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- Inni kan biroon, gilgaala 3 jalatti caatoon jechoota hafe akka gutaniif kennameeraaf.
- Caatoo kana irratti jechi tokko akka fakkeenyaatti kennameera.
- Kanaafuu, barattoonni wantoota birqumsaan irraa hojjetamu lamaan hafan saanduuqa hafe keessatti akka barreessan taasisi.
- Yeroo isaan hojjetaniis keessa naanna'uun hordofi.
- Bakka deeggarsa barbaadanitti gargaariin.

**Deebii gilgaala 3**

Deebiin saanduuqa lamaan hafan keessatti guutamu:

1. dhadhaa
2. damma

**Gilgaala 4 (Wayitii 2)**

**Kaayyoo gilgaala kanaa:**

Jechoota tartiibessanii hima ni ijaaru.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

Akkasumas, walduraa duuba jechoota walkeessa makamanii dhiyaatan kanneen dubbisa keessaa bahuun gilgaala 4 jalatti dhiyaataniin akka fakkeenya isaaniif kennameetti sirreessanii hima akka ijaaran taasisi. Barattoonnis kana hojjechuu danda'uu isaanii keessa deemuun hordofii bakka barbaachisaa ta'etti gargaari.

**Deebii Gilgaala 4**

1. Burqumsaan fal'aanaan nyaatama.
2. Nyaanni aadaa haala ittiin qophaa'u qaba.
3. Burqumsaan keessummaa kabajamaaf dhiyaata.
4. Garbuun fiddigame gogee akaa'ama
5. Burqumsaan nyaata aadaa Oromoo Walloo biratti beekamaadha.

**Gilgaala 5 (Wayitii 3)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Jechoota hiika isaanii gabatee keessaa filuu nibarreessu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

Itti fufuun, jechoota gabatee keessa jiran kanneen dubbisa keessaa bahuun gilgaala 5 jalatti dhiyaataniin akka fakkeenya isaaniif kennameetti hiika jechootaa akka kennan taasisi. Hiikni jechoota kanaas dubbisa kenname irratti hundaa'uu hubachiisi. Barattoonnis kana hojjechuu danda'uu isaanii keessa deemuun hordofii bakka barbaachisaa ta'etti gargaari.

**Deebii gilgaala 5**

1. Fal'aana= mooqqaa
2. fiddiguu= luqqisuu
3. Gaawwaa= hubboo
4. qadaaduu= cuqqaaluu
5. qulleessuu= seecca'uu
6. Qaaxee= kooboo

# Simisteera 2ffaa

**Kaayyoleen gooree boqonnaa kanaa:**

- Dubbisuun dura waa'ee dubbisichaa nitilmaamu;
- Odeeffannoo sakatta'aan dubbisa keessaa nibaasu;
- Odeeffannoo calla ta'an dubbisicha keessaa nibaasu;
- Seenaa eegalame tokko yaada dhuunfaa isaaniitiin nixumuru;
- Seenaa mataa ofii keeyyata tokkoo hanga sadiin nibarreessu;
- Hawwii isaanii kan gara fuulduraa ni ibsu;
- Dubbisa dhiyaateef dhaggeeffachuun bakka hir'ate niguutu,

**Gilgaala 1(Wayitii gilgaala 1, 2 fi 3=5)**

- ~~**Kaayyoo gilgaala kanaa:**~~

Dubbisuun dura waa'ee dubbisichaa nitilmaamu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- Barsiisaa/tuu osoo dubbisa boqonnaa sagal jalatti mata duree 'Gooticha Riyoo' jedhuun dhiyaate barattoota kee hindubbisiin, dura gaaffii gilgaala tokko jalatti dhiyaate akka teessumma isaaniin daqiiqaa shaniif gareen akka irratti mari'atan taasisi.
- Ati immoo barattoonni gilgaala dhiyaate irratti mari'achaa jiraachuu isaanii keessa deemuun hordofi.
- Bakka ifa hintaanettis deeggarsa taasisiif.

**Gilgaala 2**

- ~~**Kaayyoon gilgaala kanaa:**~~

Odeeffannoo sakatta'aan dubbisa keessaa nibaasu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Barattoonni dubbisicha dhuunfaan callisaan dubbisaa odeeffannoo dubbisichaa argataniin gabatee gilgaala 2 jalatti dhiyaate akka guutan taasisi.
- ☞ Yeroo kanas barattoonni hundi dubbisicha dubbisaa gabaticha guutaa jiraachuu adda baafachuuf keessa deemuun hordofi. Bakka rakkoon jiruttis gargaari.
- ☞ Barattoota kana raawwatanis onnachiisi.
- ☞ Kunis jajuun yookiin barattoota harka walitti rukuchiisuun raawwatamuu danda'a.

**Deebii Gilgaala 2**

| Bara | Dorgommii | Iddoo | Sadarkaa |
|---|---|---|---|
| **2009** | Maraatoonii Dabliin | Ayerlaand | 1ffaa |
| **2010** | Maaraatoonii idil-addunyaa Zyiyaameen | Chaayinaa | 1ffaa |
| **2011** | Maaraatoonii shaampiyoonii idil addunyaa Deeguu | Kooriyaa Kibbaa | 3ffaa |
| **2016** | Olompikii Riyoo di Jeneeroo, | Biraazil | 2ffaa |

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Odeeffannoo callaa ta'an dubbisicha keessaa nibaasu.

**Gilg**

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

☞ Barsiisa/tuu barattoonni odeeffannoo murtaa'aafi waliigalaa adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuuf, gaaffilee gilgaala 3 jalatti dhiyaatan dhuunfaan hojjechiisi.
☞ Yeroo kanas barattoonni gaaffilee kanneen deebisuu danda'uu isaanii adda baafachuuf keessa deemii hordofi.
☞ Bakka rakkoon jirutti immoo gargaari.
☞ Itti fufuunis, deebii isaan dhuunfaan kennan lama lamaan walii ilaaluun bakka garaagarummaa qaban irratti akka mari'atan taasisi.
☞ Kana booda guutummaa daree waliin hojjedhu.

**Deebii gilgaala 3**

1. dhugaa
2. soba
3. b
4. a
5. c

**Gilgaala 4 (Wayitii 2)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Odeeffannoo calla ta'an dubbisicha keessaa nibaasu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

Akkasumas, caatoo kenname dubbisicha irratti hundaa'uun gilgaala 4 jalatti dhiyaatan akka fakkeenya isaaniif kennameetti akka guutan taasisi. Barattoonnis

kana hojjechuu danda'uu isaanii keessa deemuun hordofii bakka barbaachisaa ta'etti gargaari. Deebiin isaa immoo armaan gaditti taa'eera.

**Deebii gilgaala 4**

1. maraatoonii Riyoo, meetii
2. maraatoonii Zyiyaameen, Warqee
3. maraatoonii Deeguu, Nahaasii

**Gilgaala 5 (Wayitii 1)**

**Kaayyoo gilgaala kanaa:**

Seenaa eegalame tokko yaada dhuunfaa isaaniitiin nixumuru.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- Barsiisa/tuu seenaa nama dhuufaa jalqabame jecha mataa ofiin xumuruu gilgaala 5 jalatti dhiyaatee akka barreessan taasisi.
- Keeyyatichi dhimmoota sadii kaasa. Isaanis dorgommoo fiigichaa aanaa, godinaafi biyyaati.
- Kan aanaa akka fakkeenyaatti barraa'eera.
- Kan hafe lamaan godinaafi biyya barattootatu xumura.
- Barattoonnis kana hojjechuu danda'uu isaanii hordofuun bakka barbaachisaa ta'etti gargaari.
- Keeyyata isaan barreessan kanas ilaaluun sororsii yaaddeebii kenniif.
- Kan sirriitti tartiibessuun barreessan keessaa hangi barattoota sadii sagalee isaanii olkaasanii dareef akka dubbisan taasisi.
- Barattoota kana raawwatanis onnachiisi.
- Kunis jajuun yookiin barattoota harka walitti rukuchiisuun raawwatamuu danda'a.

**Gilgaala 6 (Wayitii 2)**

**Kaayyoo gilgaala kanaa:**

Seenaa mataa ofii keeyyata tokkoo hanga sadiin nibarreessu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Barattoonni seenaa jireenya isaanii keeyyata tokkoon barreessuu gilgaala 6 jalatti ajajaman akka barreessan taasisi.
- ☞ Barattoonnis kana hojjechuu danda'uu isaanii hordofuun bakka barbaachisaa ta'etti gargaari.
- ☞ Keeyyata isaan barreessan kanas ilaaluun sororsii yaaddeebii kenniif.
- ☞ Kan sirriitti tartiibessuun barreessan keessaa hangi barattoota sadii sagalee isaanii olkaasanii dareef akka dubbisan taasisi.
- ☞ Barattoota kana raawwatanis onnachiisi.
- ☞ Kunis jajuun yookiin barattoota harka walitti rukuchiisuun raawwatamuu danda'a.

**Gilgaala 7 (Wayitii 2)**

**Kaayyoo gilgaala kanaa:**

Hawwii isaanii kan gara fuulduraa ni ibsu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Barsiisa/tuu, barattoonni hawwii isaanii gara fuulduraa hiriyyaa isaaniif afaaniin akka ibsan ajaju gilgaala 7 jalatti kenname cimdii cimdiin akka walitti himan taasisi.

- ☞ Erga isaan cimdii cimdiin walitti himanii booda barattoonni muraasni daree guutuutti hawwii isaanii haa himani.
- ☞ Barattoonnis kana hojjechuu danda'uu isaanii hordofuun bakka barbaachisaa ta'etti gargaari.

**Gilgaala 8 (Wayitii 2)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Dubbisa dhiyaateef dhaggeeffachuun bakka hir'ate niguutu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Barsiisa/tuu dubbisa armaan gaditti dhiyaate barattootaaf dubbisuudhaan barattoonni bakka duwwaa akka guutan taasisi.
- ☞ Yeroo dubbistus barattoonni sirnaan akka hubataniif irra deddeebi'iif.
- ☞ Waan hojjechuuf deemanis adda akka baafataniif qajeelfama ifaa kenniif.
- ☞ Hojjechaa jiraachuu isaanii adda baafachuuf immoo hordoffiifi deeggarsa taasisiif.
- ☞ Dubbsini kun immoo waa'ee Abbabaa Biqilaa ta'uu itti himi.

**Atileet Abbabaa Biqilaa**

Atileet Abbabaa Biqilaa bara 1932 iddoo Jaatoo jedhamtutti dhalate. Yeroo ijoollummaa isaa horii tiksuun dabarse. Booda irratti hojii barbaacha 250 km lukaan deemee Finfinnee dhaqe. Akka achi dhaqeen jalqaba irratti eegduu dhuunfaa warra sanyii mootii ta'ee qacarame. Booda irratti eegduu mootichaa ta'eetu ramadame. Bara 1960tti waldorgommii Olompikii Room irratti Waamii Birraatuu bakka bu'ee deeme. Kopheen warra fiigichicha ispoonsara godhanii itti ta'uu waan dideef miilla duwwaa fiigee tokkoffaa ba'uun warqee badhaafame.

**BOQONNAA 10 JEEDALA, WARAABESSAAFI IJOOLLEE (Wayitii 12)**

Kaayyooleen gooree boqonnaa kanaa:

Odeeffannoo dubbisaa nitilmaamu;

Odeeffannoo waliigalaafi callaa dubbisaa nibaasu;

Jechoota sagalee gabaabaa, dheeraa, laafaafi jabaadhaan barreeffaman irra deddeebi'anii nibarreessuu;

Jechoota dubbisa keessaa ba'aniin hima ni ijaaruu

Himoota dubbisicha keessaa ba'an nitartiibessuu;

**Kaayyoo gilgaala kanaa:**

Odeeffannoo dubbisa keessaa nitilmaamu.

**Ga'ee Barsiisaa/tuu**

- ☞ Barsiisaa/tuu dubbisa boqonnaa kudhan jalatti dhiyaate osoo barattoota hindubbisiin, dura gaaffilee gilgaala tokko jalatti dhiyaatan akka teessumma isaaniitti gareedhaan daqiiqaa shaniif akka irratti mari'atan taasisi.
- ☞ Ati immoo barattoonni gilgaala dhiyaate irratti mari'achaa jiraachuu isaanii keessa deemuun hordofi.
- ☞ Bakka ifa hintaanettis deeggarsa taasisiif.

**Gilgaala 2**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Odeeffannoo waliigalaafi callaa dubbisaa adda nibaasu.

**Ga'ee Barsiisaa/tuu**

- ☞ Barsiisa/tuu dubbisicha dhuunfaan barattoota dubbisiisi.
- ☞ Yommuu kanas barattoonni hundi dubbisaa jiraachuu isaanii adda baafachuuf hordofi.
- ☞ Akkasumas, gaaffilee dubbisa boodaas dhuunfaan hojjechiisi. Barattoonni gaaffilee kanneen deebisuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuuf immoo keessa deemii hordofi.
- ☞ Bakka rakkoon jiruttis gargaari.
- ☞ Itti fufuunis, deebii isaan dhuunfaan kennan lama lamaan walii ilaaluun bakka garaagarummaa qaban irratti akka mari'atan taasisi.
- ☞ Kana booda guutummaa daree waliin hojjedhu.

**Deebii gilgaala 2**

1. soba

2. soba
3. b
4. b
5. c
6. a
7. Gowwoomee
8. gubaa doobbii
9. Gaaffii kanaaf barattoonni waan dubbisicha irraa hubatan kallattii adda addaatiin akka ibsan taasisi.

**Gilgaala 3 (Wayitii 2)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Jechoota sagalee gabaabaa, dheeraa, laafaafi jabaadhaan barreeffaman irra deddeebi'anii nibarreessuu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

Jechoota sagalee dheeraa, gabaabaa, jabaafi laafaa qaban dubbisa keessaa baasuun gabatee keessatti barreessuu gilgaala 3 jalatti dhiyaate akka hojjetan taasisi. Barattoonnis kana hojjechuu danda'uu isaanii hordofuun bakka barbaachisaa ta'etti gargaari.

**Deebii gilgaala 3**

| sagalee gabaabaa | sagalee dheeraa | sagalee gabaabaafi dheeraa makaa | sagalee jabaa | sagalee laafaa | sagalee laafaafi jabaa makaa |
|---|---|---|---|---|---|
| **fkn**. dhufe | Diimaa | Garuu | tokko | maaloo | Gammadee |
| Guban | Maaliif | Biraa | akka | Hiite | Mukatti |
| Kana | Ijoollee | Qalameef | yemmuu | Kana | Doobbicha |
| Hidhe | Yaaddee | Jiraatan | badde | jeedala | Guggubanii |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| Nafa | Naannoo | Himuun | immoo | Fixuu | Daddafee |
| Sana | Reebuun | Booda | inni | yaada | Kenniteef |

**Hubachiisa** kan deebii ta'u jechoota gabatee kana keessa jiran qofa jechuu miti. Kana malees, jechi tokko bakka garaagaraa galeera. Kun immoo iddoo tokkotti amala sagalee dubbifamaa yoo fudhatu, bakka biraatti immoo amala sagalee dubbachiiftuutu ilaalama.

## Gilgaala 4 (Wayitii 3)

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Jechoota dubbisa keessaa ba'aniin hima ni ijaaruu.

## Ga'ee barsiisaa/tuu

- ☞ Jalqabarratti, ajaja gilgaalaa barattoonni dubbisanii akka hubatan gochuu.
- ☞ Itti aansuun, jechoota dubbisa keessaa ba'aniin barattoonni hima akka ijaaran taasisuu.
- ☞ Yeroo kana godhanis dubbisicha irra deddeebiin akka dubbisan taasisa.
- ☞ Deebii danaatti guutan waljala fuudhanii akka waliif sirreessan qjeelchuu.
- ☞ Dhumarratti, duub-deebii kennuu.

## Deebii gilgaala 4

1. Waraabessi doobbiin gubame.
2. Jeedoon bineensa gamna.
3. Jeedalli foon diimaa nyaatta jettee waraabessa gowwoomsite.
4. Watwaachuun waraabbessaa doobbiin akka gubatu isa taasise.
5. Waraabu gowwoomee badhaasa dobbii argate.

**Gilgaala 5 (Wayitii 3)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Himoota dubbisicha keessaa ba'an keeyyatatti nitartiibessu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- Himoota walmakanii dhiyaatan gilgaala 4 jalatti argaman akka duraa duuba isaanii sirreessuun keeyyata tokko akka barreessan taasisi.
- Keeyyata isaan barreessan kanas ilaaluun sororsii yaaddeebii kenniif.
- Kan sirriitti barreessan keessaa hangi barattoota sadii sagalee isaanii olkaasanii dareef akka dubbisan taasisi. Barattoota kana raawwatanis onnachiisi.
- Kunis jajuun yookiin barattoota harka walitti rukuchiisuun raawwatamuu danda'a.

Gaaf tokko ijoolleen jeedala arguun marsanii qabanii mukatti hidhan. Erga ishee hidhanii booda, doobbii ishee ittiin guban murachuuf deeman. Sana booda, waraabu jeedala hidhamtetti dhufee maaliif akka hidhamte gaafate. Isheenis, foon diimaa nyaattee fixuu dadhabnaan akka hidhamte itti himte. Innis foon waan jaallatuuf, nyaachuuf ishee hiikee ofii hidhame. Yemmuu ijoolleen doobbii murattee dachaatus, waraabutu badhaasa eeggachaa jira. Haaluma kanaan, waraabu ulee jeedoof qophaa'e badhaafame.

**Kaayyoon gooree boqonnaa kanaa:**

Beekumsa duraan qaban gara dubbisichaatti fiduun nitilmaamu;

Odeeffannoo waliigalaafi callaa dubbisaa adda baasuu;

Jechoota jecha kenname waliin deeman iddoo duwwaatti niguutu;

Hiika bakka galmaa dubbisa keessaa nitilmaamu;

Jechoota walkeessa makaman tartiibessuun hima ni ijaaru;

Jechoota kennaman irraa himoota ni'ijaaru;

BO

**Gilgaala 1(Wayitii gilgaala 1 fi 2= 4)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Beekumsa duraan qaban gara dubbisichaatti fiduun nitilmaamu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Barsiisaa/tuu osoo dubbisa boqonnaa kudha tokkoo jalatti dhiyaate osoo barattoota hindubbisiin, dura gaaffilee gilgaala tokko jalatti dhiyaatan akka teessumma isaaniitti gareen daqiiqaa shaniif akka irratti mari'atan taasisi.
- ☞ Ati immoo barattoonni gilgaala dhiyaate kana irratti mari'achaa jiraachuu isaanii keessa deemuun hordofi.
- ☞ Bakka ifa hintaanettis deeggarsa taasisiif.

**Gilgaala 2**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Odeeffannoo waliigalaafi callaa dubbisaa adda baasuu

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Walaloo dhiyaate dhuunfaan dubbisiisi.
- ☞ Yommuu kanas barattoonni hundi dubbisaa jiraachuu isaanii adda baafachuuf hordofi.
- ☞ Akkasumas, gaaffilee dubbisa boodaa gilgaala 2 jalatti dhiyaatan dhuunfaan hojjechiisi.
- ☞ Barattoonni gaaffilee kanneen deebisuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuuf immoo keessa deemii hordofi.
- ☞ Bakka rakkoon jiruttis gargaari.
- ☞ Itti fufuunis, deebii isaan dhuunfaan kennan lama lamaan walii ilaaluun bakka garaagarummaa qaban irratti akka mari'atan taasisi.
- ☞ Kana booda guutummaa daree waliin hojjedhu.

**Deebii gilgaala 2**

1. dhugaa
2. c
3. a
4. b
5. c

**Gilgaala 3 (Wayitii 2)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Jechoota jecha kenname waliin deeman iddoo duwwaatti niguutu.

**Ga'ee Barsiisaa/tuu**

- ☞ Walaloo armaan olii irratti hundaa'uun akka barattoonni jechoota jecha 'barumsa' jedhu waliin deeman saanduuqa kenname keessatti barreessan taasisi.
- ☞ Barattoonni haala ittiin hojjetamu hubachuu isaanii keessa deemuun adda baasi. Yoo hin hubanne ta'e haala isaa ibsiif.
- ☞ Erga kan isaanii ilaaltee duub deebii kenniteefii booda jechoota muraasa tarreessiif. Deebiif kan ta'an armaan gadi jiru.

**Deebii gilgaala 3**

- ✍ beekumsa,
- ✍ qaroomina,
- ✍ doofummaafi
- ✍ hawaasummaa. Jechoonni kanneen biroos nijiru.

**Gilgaala 4 (Wayitii 2)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Hiika bakka galmaa dubbisa keessaa nitilmaamu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

Jechoota dubbisa keessaa ba'aniif hiika bakka galumsaa kennuu gilgaala 4 jalatti dhiyaatan akka fakkeenya isaaniif kennameetti akka barreessan taasisi. Barattoonnis kana hojjechuu danda'uu isaanii keessa deemuun hordofi. Bakka barbaachisaa ta'ettis gargaari.

**Deebii gilgaala 4**

1. dagaagina = guddina
2. galmeessituu= tursiistuu (kuustuu)
3. riqicha= walitti fidduu
4. oomishtuu= Maddisiistuu
5. hirkoo= gargaartuu
6. siidaa = yeroo dheeraaf kan hin sochoone

**Gilgaala 5 (Wayitii 3)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Jechoota walkeessa makaman tartiibessuun hima ni ijaaru.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Jechoota walmakanii dhiyaatan gilgaala 5 jalatti argaman akka duraa duuba isaaniitti sirreessuun hima akka barreessan taasisi.
- ☞ Himoota isaan barreessan kanas ilaaluun sororsii yaaddeebii kenniif.
- ☞ Barattoota sirriitti hojjetanis onnachiisi.

- ☞ Kunis jajuun yookiin barattoota harka walitti rukuchiisuun raawwatamuu danda'a.

**Deebii gilgaala 5**

1. Namni cimee barate sammuu isaa gabbifata.
2. Barnoonni hundee guddinaati.
3. Barnoonni wallaalummaa balleessuuf tajaajila.
4. Barnoonni beektota oomishuuf ga'ee olaanaa qaba.

**Gilgaala 6 (Wayitii 2)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Jechoota kennamaniin himoota ni ijaaru.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Jecha gilgaala 6 jalatti caatoo keessatti dhiyaateen barattoonni akka fakkeenya isaaniif kennameetti himoota adda addaa akka ijaaran taasisi.
- ☞ Isaanis kana hojjechuu danda'uuu isaanii hordofuun bakka barbaachisaa ta'etti gargaari.
- ☞ Barattoonni himoota garaagaraa hojjechuu akka danda'an beeki. Fakkeenyaaf kan ta'u garuu armaan gaditti siif hojjetameera.

**Deebii gilgaala 6**

1. Doofummaa kan balleessu barumsa.
2. Barumsi daandii gara qaroominaatti geessudha.
3. Addunyaa kana kan jijjiire barumsadha.

**BOQONNAA 12 ATEETEE (Wayitii 12)**

- **Kaayyoon gooree boqonnaa kanaa:**

Mata durichi waa'ee maalii akka ta'e nitilmaamu;

Odeeffannoo waliigalaa dubbisaa adda nibaasu;

Sirna tuqaalee sirriin himoota ni ijaaru;

Jechoota waljala daddarban tartiiba sirriin nikaa'u.

**Gilgaala 1(Wayitii gilgaala 1 fi 2=4)**

- **Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Mata durichi waa'ee maalii akka haasa'u nitilmaamu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

☞ Barsiisaa/tuu osoo dubbisa boqonnaa kudha lama jalatti dhiyaate barattoota hindubbisiin dura gaaffilee gilgaala tokko jalatti dhiyaatan akka teessuma isaaniitti cimdiin daqiiqaa shaniif akka irratti mari'atan taasisi.

- ☞ Ati immoo barattoonni gilgaala dhiyaate kana irratti mari'achaa jiraachuu isaanii keessa deemuun hordofi.
- ☞ Bakka ifa hintaanettis deeggarsa taasisiif.

## Gilgaala 2

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Odeeffannoo waliigalaa dubbisaa adda nibaasu.

## Ga'ee barsiisaa/tuu

- ☞ Barsiisa/tuu, ammallee dubbisicha dhuunfaan dubbisiisi.
- ☞ Yommuu kanas barattoonni hundi dubbisaa jiraachuu isaanii adda baafachuuf hordofi.
- ☞ Akkasumas, gaaffilee dubbisa boodaa gilgaala 2 jalatti dhiyaatan dhuunfaan hojjechiisi.
- ☞ Barattoonni gaaffilee kanneen deebisuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuuf immoo keessa deemii hordofi.
- ☞ Bakka rakkoon jiruttis gargaari.
- ☞ Itti fufuunis, deebii isaan dhuunfaan kennan lama lamaan walii ilaaluun bakka garaagarummaa qaban irratti akka mari'atan taasisi.
- ☞ Kana booda guutummaa daree waliin hojjedhu.

## Deebii gilgaala 2

1. soba
2. soba
3. a

4. a
5. a
6. Gaaffii kana irratti barattoonni dubbisicha irraa waan baratan afaaniin akka ibsan taasisi. Kallattii adda addaatiin yaada isaanii ibsachuu danda'u waan ta'eef yaada isaanii keessummeessi.
7. b
8. c

## Gilgaala 3

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Sirna tuqaalee sirriin himoota ni ijaaru.

## Ga'ee barsiisaa/tuu

- ☞ Gilgaala kana jalatti barattoota sirnoota tuqaalee tuqaa, qooddoofi mallattoo gaaffii akka shaakalan taasisi.
- ☞ Mallattoo gaaffii kanas himoota kennaman jidduu yookaan dhuma irratti akkaataa barbaachisummaa isaaniitii akka galchan taasisi.
- ☞ Himoota akka fakkeenyaatti hojjetaman jalqaba barattoota wajjin hojjedhu warra hafan bifuma sanaan akka xumuran taasisi.
- ☞ Yeroo isaan hojjetan hordofuun bakka deeggarsa barbaadu adda baasii deeggari.

## Deebii gilgaala 3

1. Gosoonni ateetee dubartoota Oromoo Arsii maal fa'i?
2. Ateeteen falaa hormaanni namaa, sa'aafi sanyii akka toluuf facaafatama.
3. Dubartiin ayyaana ateetee ollaa wajjin kabajatti.
4. Ateeteen maaliif facaafatama?
5. Aadde Caaltuu, Dureettii, Soorettiifi Maayettiin ateetee facaafatu.

## Gilgaala 4 (Wayitii 4)

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Jechoota waljala daddarban tartiiba sirriin nikaa'u.

## Ga'ee barsiisaa/tuu

- ☞ Jechoota walmakanii gilgaala 4 jalatti argaman akka duraa duuba isaaniitti sirreessuun hima akka barreessan taasisi.
- ☞ Himoota isaan barreessan kanas ilaaluun sororsii yaaddeebii kenniif.
- ☞ Barattoota sirriitti hojjetanis onnachiisi.
- ☞ Kunis jajuun yookiin barattoota harka walitti rukuchiisuun raawwatamuu danda'a.

## Deebii gilgaala 4

1. Ateeteen faayidaa adda addaaf facaafatama.
2. Dubartiin Oromoo ateetee facaafatti.
3. Ateeteen sirna kabajaa qabudha.

**Kaayyoo gooree boqonnaa kanaa:**

Mata durichi waa'ee maalii akka haasa'u tilmaamu;

Odeeffannoo waliigalaafi calla dubbisa keessaa nibaasu;

Odeeffannoowwan dubbisichaa ala jiran bira nigahu;

Jechoota sagalee laafaa, jabaa, hudhaafi irra butaa qaban adda nibaasu;

Jechoota dubbifamaniif qubee sirriin nibarreessu;

Hibboo eegalame tokko nixumuru;

Seera eeganii hiibboo nitaphatu.

**Gilgaala 1(Wayitii gilgaala 1 fi 2=2)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Mata durichi waa'ee maalii akka ta'e nitilmaamu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Barsiisaa/tuu barattoonni osoo dubbisa boqonnaa kudha sadii jalatti dhiyaate gara dubbisuuttu hince'iin dura gaaffilee gilgaala tokko jalatti dhiyaatan akka teessumma isaaniitti gareen daqiiqaa shaniif akka mari'atan taasisi.
- ☞ Waa'ee waan isaan beekan sakatta'uun hibboo dhiyaate bifa gaaffiifi deebiitiin akka isaan taphatan haala mijeessi.
- ☞ Ati immoo barattoonni gilgaala dhiyaate kana irratti mari'achaa jiraachuu isaanii keessa deemuun hordofi. Bakka ifa hintaanettis deeggarsa taasisiif.

**Gilgaala 2**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Odeeffannoo waliigalaafi calla dubbisa keessaa nibaasu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

☞ Barattoota dubbisicha dhuunfaan dubbisiisi.
☞ Yommuu kanas barattoonni hundi dubbisaa jiraachuu isaanii adda baafachuuf hordofi.
☞ Akkasumas, gaaffilee dubbisa boodaa gilgaala 2 jalatti dhiyaatan dhuunfaan hojjechiisi.
☞ Barattoonni gaaffilee kanneen deebisuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuuf immoo keessa deemii hordofi.
☞ Bakka rakkoon jiruttis gargaari. Itti fufuunis, deebii isaan dhuunfaan kennan lama lamaan walii ilaaluun bakka garaagarummaa qaban irratti akka mari'atan taasisi. Kana booda guutummaa daree waliin hojjedhu.

**Deebii gilgaala 2**

1. Latiifi Bilisee
2. soba
3. soba
4. b
5. a
6. b
7. Qoradhu; soqadhuu yookaan hinqorattu hinsoqattu.
8. Dhahan dhiigaa? Gad dhiisan fiigaa?

✍ Qaban xiixaa?

✍ Nyaataa?

✍ Dhugaa?

✍ Nyaatamaa?

✍ Dhiira moo dhalaa?

✍ Ala gala moo mana gala?

✍ Jiraa moo du'aa?

✍ Miillaan deema moo garaan lafa irra lo'a?

✍ Nyaatamaa?

- ✍ Lafa gala moo muka irra gala?
- ✍ Qabnaa qabduu?
- ✍ Hootii?
- ✍ Hoosiftii?
- ✍ Daakuu/harcee siphattii?
- ✍ Laphee himattii?
- ✍ Albaatii?
- ✍ Weerartii/galdaatii? fi kkf ta'uu danda'u.

**Gilgaala 3 (Wayitii 2)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Odeeffannoowwan dubbisichaa ala jiran bira nigahu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

Barattoonni muuxannoo duraan qaban irratti hundaa'uu gaaffilee gilgaala 3 jala jiran akka hojjetan taasisi. Gaaffilee kana yeroo hojjetanis odeeffannoo maatii isaanii akka gaafatan qajeelchiin. Akka isaan sirnaan hojjetaniif immoo hojii manaa isaa kenniif.

**Deebii gilgaala 3**

1. Gaaffii kana irratti barattoonni maatii isaanii gaafatanii daree keessatti akka dhiyeessan taasisi.
2. Bashannansiisaa barsiisuuf
3. Eegeetu namatti biqila, haadha namaatu du'a, gaafatu namatti ba'afi kkf

**Gilgaala 4 (2)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Jechoota sagalee laafaa, jabaa, hudhaafi irra butaa qaban adda nibaasu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Barattoota dubbisicha oldeebi'anii dhuunfaan dubbisiisuun jechoota sagalee laafaa, jabaa, hudhaafi irra butaa qaban caatoo gilgala 4 jalatti kenname keessatti akka barreessan taasisi.
- ☞ Barattoonni gaaffilee kanneen deebisuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuuf immoo keessa deemii hordofi.
- ☞ Bakka rakkoon jiruttis gargaari.
- ☞ Itti fufuunis, deebii isaan dhuunfaan kennan lama lamaan walii ilaaluun bakka garaagarummaa qaban irratti akka mari'atan taasisi.
- ☞ Kana booda guutummaa daree waliin hojjedhu.

**Deebii gilagaala 4**

1. sagalee laafaa-bira, qoradhu, hibib
2. sagalee jabaa- ganna, damma, dallaa
3. sagalee irra butaa-jalqaba, finfinnee, arrabsuu
4. sagalee hudhaa- qe'ee, fal'aana, yaa'a

**Gilgaala 5 (gilgaala 1)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Jechoota dubbifamaniif qubee sirriin nibarreessu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Gilgaala 5 jalatti jechoota dhiyaatan ja'barattootaaf dubbisi.
- ☞ Barattoonnis dabtara isaanii irratti barreessaa jiraachuu hordofi.

- ☞ Erga xumurtee immoo jalqaba cimdiin akka walii ilaalan taasisi.
- ☞ Dhuma irratti, dabtara isaanii soroorsii duub deebii kenniif.

Jechoonni gilgaala 5 jalatti barattootaaf dubbifamanis:

- abidda
- ookkoo
- dallaa
- buna
- cabsuu
- taa'anii

**Gilgaala 6 (Wayitii 1)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Hibboo eegalame tokko nixumuru.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Gilgaala 6ffaa kana jalatti barattoonni hibboo eegalame akka xumuran taasisi. Gaaffiin kennames bakka tokko tokkotti deebiin kan keessaa hafe yoo ta'u bakka biraatti immoo gaaffii isaatu keessaa hafe.
- ☞ Kanaafuu, deebii gaaffilee kanaa dhuunfaan akka hojjeta taasisi.
- ☞ Itti fufuunis, deebii isaan dhuunfaan kennan lama lamaan walii ilaaluun bakka garaagarummaa qaban irratti akka mari'atan taasisi.
- ☞ Kana booda guutummaa daree waliin hojjedhu.

**Deebii gilgaala 6**

1. qaaraa
2. aduu
3. anoo ergaan dhaqaa ati eessa deemta?
4. mucha sa'aa

## Gilgaala 7 (Wayitii 1)

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Seera eeganii hiibboo nitaphatu.

## Ga'ee barsiisaa/tuu

- Gilgaala torbaffaa akka hojjetaniif barattoota cimdii cimdiin ijaariiti akka isaan hibboo shaakalan haala mijeessi.
- Erga isaan akkaataa teessoo isaaniitiin shaakalanii booda fuulduratti ba'anii akka walhibbifatan taasisi.
- Yeroo wal hibbifatanis seera isaa akka eegan itti himi.
- Barattonni hojicha hojjechaa jiraachuu isaanii immoo hordofuun bakka deeggarsa barbaadanitti deeggari.

## BOQONNAA 14 DABBALLEEFI GAAMMEE (Wayitii 11)

**Kaayyoon gooree boqonnaa kanaa:**

Mata durichi waa'ee maalii akka haasa'u tilmaamu;

Dubbisa keessaa odeeffannoo waliigalaafi murtaa'oo nibaasu;

Jechoota gabatee keessatti dhiyaatan fayyadamuun hima ni ijaaru;

Odeeffannoo kenname fayyadamuun keeyyata biroo nibarreessu.

## Gilgaala 1(Wayitii gilgaala 1,2 fi 3= 6)

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Dubbisichi waa'ee maalii akka haasa'u nitilmaamu.

### Ga'ee barsiisaa/tuu

- Barsiisaa/tuu barattoonni osoo dubbisa boqonnaa kudha shan jalatti dhiyaate gara dubbisuuttu hince'iin dura gaaffilee gilgaala tokko jalatti dhiyaatan akka teessumma isaaniitti gareen daqiiqaa shaniif akka mari'atan taasisi.
- Waa'ee waan isaan beekan sakatta'uuf hojii isaan amma manatti hojjechaa jiran akka walitti himan taasisi.

- ☞ Ati immoo barattoonni gilgaala dhiyaate kana irratti mari'achaa jiraachuu isaanii keessa deemuun hordofi. Bakka ifa hintaanettis deeggarsa taasisiif.

**Gilgaala 2**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Odeeffannoo sakatta'aan dubbisa keessaa nibaasu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Gilgaalli 2 hojii yeroo dubbisuu hojjetamudha.
- ☞ Barattoonni yeroo dubbisan gabatee gilgaala 2 jalatti isaanii kenname guutaa akka dubbisan taasisi.
- ☞ Wanti isaan hojjetan yoo hingalleef jalqaba irratti deeggariin.
- ☞ Yommuu kanas barattoonni hundi dubbisaa jiraachuu isaanii adda baafachuuf hordofi.
- ☞ Barattoonni gaaffilee kanneen deebisuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuuf immoo keessa deemii hordofi. Bakka rakkoon jiruttis gargaari.

**Deebii gilgaala 2**

| sadarkaa Gadaa | umrii | ga'ee hojii |
|---|---|---|
| **dabballee** | **0-8** | ✍ safuufi duudhaa baratu.<br>✍ seenaa akaakayyuufi abaabayyuu baratu.<br>✍ hamaafi gaarii, firaafi diina adda baafatu. |
| **gaammee** | **9-16** | ☞ jabbii tiksu<br>☞ bishaan daaku<br>☞ fardaan gulufu |

| | | |
|---|---|---|
| | | ☞ sirbuufi geeraruu baratu.<br>☞ hiddi sanyii isaanii akaakayyuu torba baru, horii tiksu, qonnaafi adamoo, morkii ispoortii adda addaa baratu. |

**Gilgaala 3 Kaayyoo gilgaala kanaa:**

Dubbisa keessaa odeeffannoo waliigalaafi murtaa'oo nibaasu;

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Dubbisa dubbisan irratti hndaa'uun gaaffilee dubbisa boodaa gilgaala 3 jala jiru dhuunfaan hojjechiisi.
- ☞ Barattoonni gaaffilee kanneen deebisuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuuf immoo keessa deemii hordofi.
- ☞ Bakka rakkoon jiruttis gargaari.
- ☞ Itti fufuunis, deebii isaan dhuunfaan kennan lama lamaan walii ilaaluun bakka garaagarummaa qaban irratti akka mari'atan taasisi.
- ☞ Kana booda guutummaa daree waliin hojjedhu.

**Deebii gilgaala 3**

1. soba
2. dhugaa
3. a
4. c
5. b
6. Gaaffii 6ffaa kana irratti barattoonni dubbisicha irraa waan baratan akka barreessan taasisi. Barattoonni kun bifa keeyyataatiin akka barreessan taasisi.

**Gilgaala 4 (Wayitii 2)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Jechoota gabatee keessatti dhiyaatan fayyadamuun hima ni ijaaru.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- Barattoonni jechoota gabatee keessa jiran keessaa filachuun hima kenname guutuu akka taasisan gilgaala 4 jalatti himoonni dhiyaataniiru.
- Kanaafuu, jechoota gabatee keessa jiran keessaa filachuun akka isaan bakka duwwaa kenname irratti guutan taasisi.
- Barattoonnis kana hojjechuu danda'uu isaanii keessa deemuun hordofii bakka barbaachisaa ta'etti gargaari.

**Deebii gilgaala 4**

1. qabu
2. kennamaaf
3. baafatu
4. hammata

**Gilgaala 5 (Wayitii 3)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Odeeffannoo kenname fayyadamuun keeyyata biroo nibarreessu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- Gilgaala 5ffaa jalatti keeyyanni tokko akka fakkeenyaatti kitaaba barattootaa irratti kennameera.
- Barattoonnis haaluma keeyyata isaaniif kennameetti waa'ee hiriyaa isaanii keeyyata tokko akka barreessan taasisi.
- Barattoonnis barreessuu danda'uu isaanii hordofuun bakka barbaachisaa ta'etti gargaari.
- Keeyyata isaan barreessan kanas ilaaluun sororsii yaaddeebii kenniif.
- Kan sirriitti barreessan keessaa hanga barattoota sadii sagalee isaanii olkaasanii dareef akka dubbisan taasisi.

**Kaayyooleen gooree boqonnaa kanaa:**

**BOQONNAA 15: UFFATA AADAA OROMOO HARARGEE (Wayitii 11)**

Mata durichi waa'ee maalii akka haasa'u tilmaamu;

Dubbisa keessaa odeeffannoo waliigalafi murtaa'oo nibaasu;

Ergaa ijoo keeyyataa adda nibaasu;

Maqaa faayaafi uffata aadaa fakkii wajjin walitti nifiroomsu;

Wantoota lama waldorgomsiisuun keeyyata nibarreessu;

Mata duree kennameef gargaaramanii falmii nitaasisu.

**Gilgaala 1(Wayitii gilgaala 1,2 fi 3= 3)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Dubbisichi waa'ee maalii akka haasa'u nitilmaamu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Barsiisaa/tuu barattoonni osoo dubbisa boqonnaa kudha shan jalatti dhiyaate gara dubbisuuttu hince'iin dura gaaffilee gilgaala tokko jalatti dhiyaatan akka teessumma isaaniitti gareen daqiiqaa shaniif akka mari'atan taasisi.
- ☞ Waa'ee waan isaan beekan sakatta'uun hibboo dhiyaate bifa gaaffiifi deebiitiin akka isaan taphatan haala mijeessi.
- ☞ Ati immoo barattoonni gilgaala dhiyaate kana irratti mari'achaa jiraachuu isaanii keessa deemuun hordofi. Bakka ifa hintaanettis deeggarsa taasisiif.

**Gilgaala 2**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Odeeffannoo sakatta'aan dubbisa keessaa nibaasu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Gilgaalli 2 hojii yeroo dubbisuu hojjetamudha.

- ☞ Barattoonni yeroo dubbisan gabatee gilgaala 2 jalatti isaanii kenname guutaa akka dubbisan taasisi.
- ☞ Wanti isaan hojjetan yoo hingalleef jalqaba irratti deeggariin.
- ☞ Hojichis ijoolleen umurii isaanii irra jiran waan hojjetan akka ta'e quba qabsiisi.
- ☞ Yommuu kanas barattoonni hundi dubbisaa jiraachuu isaanii adda baafachuuf hordofi.
- ☞ Barattoonni gaaffilee kanneen deebisuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuuf immoo keessa deemii hordofi.
- ☞ Bakka rakkoon jiruttis gargaari.

**Deebii gilgaala 2**

| **uffata aadaa kan dhiiraa** | **faaya dhiiraa** | **uffata aadaa kan dubartii** | **faaya dubartii** |
|---|---|---|---|
| kittaa | filaa | saddeeta | qarmaa |
| marxoo | albee | sabbata | foroora |
| boggee | | kophee | callee mormaa |
| | | | gumee |
| | | | |

**Gilgaala 3**

**Kaayyoo gilgaala kanaa:**

Dubbisa keessaa odeeffannoo waliigalafi murtaa'oo nibaasu;

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ☞ Barattoonni gilgaala 3 osoo hojjechuuf dubbisicha dhuunfaan haa dubbisani.
- ☞ Yommuu kanas barattoonni hundi dubbisaa jiraachuu isaanii adda baafachuuf hordofi.

- ☞ Akkasumas, gaaffilee dubbisa boodaa gilgaala 3 jala jiru dhuunfaan hojjechiisi.
- ☞ Barattoonni gaaffilee kanneen deebisuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuuf immoo keessa deemii hordofi.
- ☞ Bakka rakkoon jiruttis gargaari.
- ☞ Itti fufuunis, deebii isaan dhuunfaan kennan lama lamaan walii ilaaluun bakka garaagarummaa qaban irratti akka mari'atan taasisi.
- ☞ Kana booda guutummaa daree waliin hojjedhu.

**Deebii gilgaala 3**

1. dhugaa
2. soba
3. c
4. b
5. Gaaffii 5ffaa kana irratti barattoonni uffataafi faaya aadaa naannoo isaanii jiru akka barreessan taasisi. Barattoonni kun bifa keeyyataatiin akka barreessan taasisi.

**Gilgaala 4 (Wayitii 3)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Maqaa faayaafi uffannaa addaa fakkii wajjin walitti nifiroomsu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- Akkasumas, jechootaafi fakkii waliin walitti firoomsuu gilgaala 4 jalatti dhiyaatan akka hojjetan taasisi.
- Fakkichi kan kitaaba baratаa irratti lakkoofsaan taa'e kana irratti immoo maqaa uffannaafi faayaatu bakka lakkoofsaa sana taa'a.
- Barattoonnis kana hojjechuu danda'uu isaanii keessa deemuun hordofii bakka barbaachisaa ta'etti gargaari.

**Gilgaala 5 (wayitii 1)**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Wantoota lama waldorgomsiisuun keeyyata nibarreessu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- Kana malees, tokkummaafi garaagarummaa uffata aadaa dhiiraafi dubartootaa Oromoo Hararge keeyyata tokko barreessuu gilgaala 5 jalatti dhiyaate akka barreessan taasisi.
- Barattoonnis barreessuu danda'uu isaanii hordofuun bakka barbaachisaa ta'etti gargaari.
- Keeyyata isaan barreessan kanas ilaaluun sororsii yaaddeebii kenniif.
- Kan sirriitti barreessan keessaa hanga barattoota sadii sagalee isaanii olkaasanii dareef akka dubbisan taasisi.
- Barattoota kana raawwatanis onnachiisi.
- Kunis jajuun yookiin barattoota harka walitti rukuchiisuun raawwatamuu danda'a.

**Gilgaala 6**

**Kaayyoon gilgaala kanaa:**

Seera eeganii falmii nigaggeessuu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- Barsiisaa/tuu, barattoonni mata duree, "uffata aadaa guyyaa hunda uffachuun gaariidha" jedhuufi "uffata aadaa guyyaa hunda uffachuun gaarii miti" jedhan irratti barattoonni fedhii isaaniitiin garee lamaan keessaa kan filatan jalatti akka qoodaman taasisi.

- ☞ Sana booda, seera wal falmii kanneen akka yoo inni tokko dubbatu cal jedhanii dhaggeeffachuu/yaada isaa addaan kutuu dhabuu/dabaree eeganii dubbachuu, yaada amansiisaa ta'e sababa wajjiin dhiyeessuu, mata dureen ala ba'uu dhabuufi kkf eeganii akka falmii taasisan gargaari.

- ☞ Jalqabaa ka'ee hanga dhumaatti faana buutee hordofuun deeggaraa deemi. Dhuma irratti hamilee kenniifii gammachiisi.